مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# Apostasy In Islam

Dr. Taha Jabir Alalwani

# Dirqamsiisni Amantii Islaamaa Keessa hin Jiru

Qopheessaan:

Dr. Xaahaa Jaabir Al- Alwaanii

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

# APOSTASY IN ISLAM

Dr. Taha Jabir Alalwani

# Dirqamsiisni Amantii Islaamaa Keessa hin Jiru

**Qopheessaan:**

**Dr. Xaahaa Jaabir Al- Alwaanii**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/46**

# AMANTII JIJJIIRACHUU

## Islaamummaa Keessatti

*XIINXALA SEENAA fi BARRUU*

لَا إِكْرَاهَ فِي الدِّينِ

**Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii**

Maxxansi jalqabaa gara Afaan Arabaatti *Nansii Robersiin* hiikame

Kan gabaabfame *Alison Leekiin*

## Kitaabota IYIIA (Instiitiyuutii Yaad-rimee Islaamaa Idil-Addunyaa) Walitti Fufiinsaan Dhihaatan Gabaabinaan

Kitaabonni IYIIA Walitti Fufiinsaan fi Gabaabinaan Dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamanii fi dubbiftoota kakaasu fi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu.

**Wanti seeraan adabbii ykn adabbii jedhamu, yoo jiraate, amantii gadi dhiisuuf ykn jijjiiruu (al-riddaah), akkamitti kun waldanda'uu amantiitiin walqabata akka Qur'aana keesssatti "Dhimma amantii keessatti dirqisiisuun hin jiru" jedhutti?**

Kun maxxansa gabaabaa Xaahaa Jaabir Alalwaanii kan hedduu barbaachisaa: **AmantiiJijjiiruu ykn Gadi Dhiisuu Islaamummaa Keessatti, XiinxalaSeenaa fi Barruu,** jedhu dursa kan maxxxanfame bara 2011tti.Inni haqa Nabiyyiin takkaa, jireenya isaa keessatti, du'a namaamantii jijjiirerratti hin murteesine jedhu irra dhaabbata. Garuu, kun dhimmoota walmormisiisoo addunyaa Muslimaa duubatti hambisan keessaa tokko ta'ee hafe. Ammas madda haguuggii sabaa himaalee har'aa argatee beekumsa seera Islaamaa akka farra mirga dhala namaafi yaada ofii ibsatuutti farraje ykn yakke.

Qabiyyeen kitaaba kanaa hedduu miirawaa fi barbaachisoodha. Barreessaan ragaa jajjaba fayyadamuun hundeewwan seenaa waldhibdee kanaa fi dhimmoota hamilee fi qabiyyee naannawa jiranis gamaaggamuu ykn xiinxaluurratti xiyyeeffata. Mormiiwwan walhin simannetu warra yakka du'aa balaaleffataniin ka'a. Barreessaan garuu Qur'aanaa fi Sunnaanis akka bilisummaa amantii gadi dhiisuus of keessatti qabate deeggaran ykn barsiisanii fi yakka amantii gadi dhiisuutiif adabbii guddaa hamma du'aa geessu kan hin deeggarre ta'uu ibsa. Wanti hubatamuu qabu xiyyeeffannaan jecha yakka jedhurratti, muxannoon jiru: namni sun amantii gadi dhiisuun yakka biraa kan hin hordofsiifne yoo ta'e, kessattuu nageenya biyyaarratti, akka barreessaatti, dhimmichi gidduma nama dhuunfaa sanii fi Rabbii isaatti hafa. Wanti hubatamuu qaban Qur'aanni heddumminaan waa'ee nama dhuunfaa amantiirraa deebi'uu (gadi dhiisuu) dubbatus, ajjeefamuu ykn adabbiimuu qaba hin jedhu. Islaamni kan barsiisu namoonni amantii fedhan kan Rabbiin ittiin kadhatan bilisaan filachuu akka qabaniidha. Bu'uurri itti gaafatamummaa namaa filannoo guyyaa boruu murteeffamuudha, kan jireenya kanaatii miti.

Kitaabni kun yeroo walxaxiinsii fi saaxilamuun guddaan baay'atee fi hubannaa Qur'aanaa fi Sunnaa (*maqasid al-shari'a)*, haalaan barbaachisutti barreeffame. Barreessaan tooftaa ragaa qabatamaarratti hundaa'ee Qur'aanaafi Hadiisa mirkaa'aa fayyadamuun xiinxala adeemsise; adeemsota durii kan barruulee saayinsiifi dameewwan beekumsa biraa, akkasumas hiika hayyootaas fayyadame.

Lubuu namaa haqaan ala ykn sababa qabatamaatiin ala balleessuun, akkaataa Qur'aanaatti akka nama dhala namaa hunda fixeetti ykn ajjeeseetti ilaallama. Kanaafuu wanti barbaachisu, fedhiiwwan gara-laafinnaa fi haqaa, akkasumas bilisummaa amantaa sirritti (jalqabaa fi hundaaf) addeessuudha.

**Maxxansa Kitaaba Jalqabaarraa Gabaabbate**

AMANTII JIJJIIRACHUU ISLAAMUMMAA KEESSATTI,

XIINXALA SEENAA FI BARRUU,

Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii

ISBN hbk: 978–1–56564–364–2

ISBN pbk: 978–1–56564–363–5

2011

## SEENSA

Qo’annoon kun wanti ibsu dhimmaadabbii ykn adabbii yakkaa keessatti, amantii jijjiirachuu ilaalchisee, waliigalteen Qur’aana keessas taa’ee Sunnaanis addeeffame jiraachuu dhabamuudha; miira jechi kun hojiirra ooleen irratti. Qaamni ragaa amantii jijjiirachuu(Islaamummaa gadi dhiisuu) ilaalchisee jechootaa fi gochoota Nabiyyii (SAAS), akka Hadiisotaa fi duudhaaleen nutti as dabarfametti, Sahaabota isaattis erkifametti, kan akka seera adabbii yakkaa nama amantii Islaamaa gadi dhiisee, Islaama keessatti adda baafame/hin baafamin xiinxallinu nu godhu, yoo yakki biraa isaan walqabatee hin raawwatamin fa’a of keessatti qabata.Akka ulaagaatti, Qur’aanaa fi barmaatileen Sunnaa bilisummaa ilmaan namaa kan fedhiiwwan, ilaalchota, yaad-rimeewwan, ibsamootaa fi gochootaa fa’a mirkaneessan.

Kana xumuruuf, qo’annoon ammas gosa barnoota yaad-rimee kan hayyoonni Muslimaa hedduun yaada isaanii irruma keessa Sunnaafi waliigalteen namni amantii jijjiirate ajjeefamuu qaba jechuurratti bu’uureffatan xiinxalla. Tooftaan adeemsa qo’annoo kanaa falaasama, xiinxalaa fi seenaarratti hundaa’ee tooftaawwan duudhaa barruulee saayinsii Islaamaa fi dameewwan beekumsa biroo ittiin qo’atan irratti hundaa’a. Qur’aanni bu’uura ragaa seerota qajeelfamaa fi hundeewwan irratti hundaa’aniiti. Sunnaan akka ragaa hiika Qur’aanaa karaa sirriin hiikuutti ilaallama.

Hiika jechoota afaanii Qur’aana keesssatti ibsamaniitiin itti barbaaduuf, ulaagaalee armaan gadiitti dhimma bahama: Qur’aanni mataa isaatu jecha san akka itti fayyadame, himoota

ibsa kennan kan Nabiyyiin Sunnaa keessatti addeessan; itti fayyadama Arabonni jecha san, loqoda, barruulee fi amantii keessatti taassisan fa'a. Tartiiba walcaalmaa kana hordofuun, namni tokko wanti mirkaneessu jechoota galumsa afaan Arabaatiin faayyadamuun hiika Qur'aanaa murteessuun hin hayyamamu. Dhumarratti, sonoonnii fi ilaalchonni seera Islaamaa murteessan waaltawoodha, karaa warra haqaa fi barruulee garii waa'ee nama amantii gadi dhiisee ilaallatanii ibsuun.

Gaafii walfaallaa waa'ee gaafii adabbii ykn adabbii nama amantii gadi dhiisee kana furuuf, beektonni seera Muslimaa yaalii hiika bal'aa ykn tilmaamaa (ijtihad) keessa seenan. Dhimmi bu'uuraa qo'annoo kana keessatti addeeffame, waa'ee nama amanatii gadi dhiiseeti: nama dhuunfaa amantaa, yaad-rimee, yaadaa fi amala amantii fi qajeelfama amantii isaa jijjiireeti. Namichi dhuunfaan sun dhimma amantii jijjiirachuu kana gocha farra hawasichaatiin wal hin qabsiisin, ykn gaggeessa seera-qabeessa ykn siyaasaa fi amantiirratti hin xiyyeeffanne. Namni dhuunfaa sun hawaasicha naannoo sanii karama kamiinuu hin sodaachifne, amantii isaa qofa jijjiire. Kanarra, akka amantii isaa jijjiire ummatatti beeksisuu dhiisee yoo dhimma ofii ofumaa qabate.

Qo'annoon kun gaafiiwwan armaan gadii kaasa: Rabbiin nama akkasiitiif du'a akka kabajaatti murteessee, osoo hawaasni dursee akka inni irraa deebi'u (toowbatu) isa hin gorsin ykn kakaasin? Dirqamni hawaasa Muslimaa, hooggantootaan durfamanii, sababa inni amantii jijjiirateef adabbima du'aa nama kana

raawwaterratti gaggeessuudhaa? Yoo namni sun yakka kamuu hawaasarratti hin raawwatin ta'e haalli adabbii isaa kanumaa? Yoo miseensonni muraasni hawaasicharraa nama kana ajjeesan, isa adabbii biraa irraa bilisa ta'aa?

Haaluma walfakkaatuun, namicha kana humnaan gara amantii Islaamaatti deebisuun dirqama hawaasa naannoo saniitii? Ykn Qur'aanni seerummaa dirqisiisuu akkasii san ni mormaa? Dabalataanis, yeroo Islaamummaan dhufterraa jalqabee waliigaltee hawaasni Muslimaa nama amantii jijjiirate haa ajjeesan jedhutu jiraa? moo durumaa dhimma waldhibdee ifaan hin ibsine moo dhimma durumaan osoo irratti walii hin galin hafeedha? Ykn amantii jijjiirachuun Islaamummama gadi dhiisuu qofa moo diinomuuni? Warroonni amantii jijjiirachuu du'aan adabuu deeggaran hedduun akka yakka siyaasaatti ilaalanii? Dabalataanis, adabbii seeraan kaayame jedhanii, akka barruulee Islaamaa hedduu keessatti bal'inaan ibsametti, adabbiiwwan seeraan ibsaman nama sababa yakkaatiin dhagaan tumuun fa'a, nama amantii gadi dhiise ammo ajjeesuun akka yakka cufa irraa qulqulleessuutti tilmaamuun sirriidhaa?

Kaayoon qo'annoo kanaa tooftaa akka fakkeenyaatti tajaajilu kaayuun, duudhaa Islaamaa aangoo Qur'aanaa jala galchuun, waan hunda barnoota Qur'aanaatiin mirkaneessuudha.

## SEENSA MAXXANSA AFAAN OROMOOTIIF

Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfamanirraa of eeggannoon kan gulaalamanii fi dubbiftoota kakaasu fi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Handhuurri ergaa kitaabni "*Amantii jijjiirachuu Islaamummaa Keessatti, Xiinxala Seenaa fi Barruu* jedhu dhimma amantii irratti dirqisiisuun akka hin jirree fi bilisummaan amantii akka kabajamuu qabu barsiisa. Akka barressichaatti, Qur'aanni bilisummaa ilma namaa keeyyatoota dhibba lamaa ol keessatti ibsuun, warroota bilisummaa kana hojiin agarsiisan du'aan adabuun, keessattuu yeroo isaan lubbuu ofiitiin ala namuu hin miidhinitti hin danda'amu jedha. Dabalataanis murtee nama kanaa guyyaa boruu(boodaa) Rabbi irraa baasa ykn dhimma isaafi Rabbii isaa gidduu jiru jedhu.

Tooftaan adeemsa qo'annoo kanaa falaasama, xiinxalaa fi seenaarratti hundaa'ee tooftaawwan duudhaa barruulee saayinsii Islaamaa fi dameewwan beekumsaa biroo ittiin qo'atan irratti hundaa'a. Qur'aanni bu'uura ragaa seerota qajeelfamaa fi hundeewwan irratti hundaa'aniiti. Sunnaan akka ragaa hiika Qur'aanaa karaa sirriin hiikuutti ilaallama; malee Qur'aana irratti hin murteessu.

Qo'annoon kun kan kaayyeffate fakkii ykn moodeela daran barbaachisaa, kan qo'annoolee ciccimoo hedduu dhaala Islaamaa kan hayyoonni Muslimaa ofumaa qo'atan of keessatti qabatuudha. Kitaaba akkanaa Afaan Ormootti hiikamuun Muslimoota biyoota adda addaa Baha Afrikaatti argaman keessa

jiraatanii fi afaan kana dubbatan kan miiliyoonaan lakkaawaman ni fayyada jedhamee yaadameeti; keesssattuu bu'uuraalee ragaa afran: Qur'aana, Sunnaa, waliigaltee (*ijma'a*) fi bira-qabiinsa (*Qiyas*) adda baasanii beekuu fi hariiroo waltumsaa fi itti fayyadama isaaniis dabalatee.

*Dar-Al Fikr Mana Maxxxansa, Raabsaa fi Qo'annoo Saayinsii Islaamaa, Itiyoophiyaa, Addis Ababa*

## Boqonnaa Tokko

## Amantii jijjiirachuun Yakka Guddaadhaa?

Bulchiinsa Islaamaa keessatti, jaarrota sadan dura dabraniif waliigalteen Seera Islaamaa waa'ee nama amantii jijjiireerratti godhame hin jiru. Garuu Islaama keessatti warroonni seera adabbii hamma du'aa gahu hojiirra oolchan akka waan waliigalteen sun jiruutti haasawan. Kana gochuu isaaniitiin, xiyyeeffannaa namootaa warroota dabran kanneen akka Sahaabaawwan (Umar ilma Kaxxaab, Ibraahiim al Nakhii, Sufyaan al-Soowrii fi kanneen biros) kanneen gocha kana hin deeggarin irraa garagalchuu barbaadan. Isaan wanti fedhan dhimma adabbii irratti wanti irra deebi'amee yaadamu hunduu tilmaamuma warra dura yaada kayeetiin ta'uu qaba jedhu.

Dhimma amantii jijjiirachuutiin walqabatee, ilaalchaafi amantaa isaa akka ibsatuuf dursi mirga nama dhunfaatiif kennamuu qaba moo dhimmoota kabajamoo ta'aniif ammo hawaasuma naannoo saniitu kunuunsaa ykn eegaa? Bara 2006 keessa, lammiin Afgaan Abdurrahmaan Abdulmannaan oduuwwan addunyaaf mata-duree haasawaa ta'ee ture. Yeroo amantii isaa gara Kiristaanummaatti jijjiirate haadha manaa isaatiin adda bahe, ilmaan isaas dhabee hidhaaf saaxilame. Sababuma dhiibbaa gaggeessitoota addunyaa irraa ka'een, dhumarratti hidhaa gadi dhiifamee koola-galtummaa biyya Xaaliyaanii argate. Dhimmi isaa waa'ee amantii gadi dhiisuu Islaamummaa keessattii fi akkaataa inni addunyaa keessatti itti kunuunfamu ykn qabamu irratti ibsa gaarii ture.

Ummanni yeroo hedduu sonoota (safuuwwan) hin geeddaramne, kan akka kunuunfamanii fi qabsaa'an, keessattuu eenyummaa

lammummaa qabu yeroo ammaa dura, gara caalu hawaasni hunduu amantii ofii akka eenyummaa hundaa ol isaan ibsuutti ilaalaa turan. Argamni, ijaarsii fi eenyummaan ummataa walitti hidhamanii akka sirna amantaa adda ta'ee kophaa mul'atu. Beektonni Muslimaa amantii akka qaama bu'uura ilma namaa shanaffaatti lakkaa'an, akka bu'uura seerota Islaamaa barbaachisoo tokko tokkootti; sanniin keessa qabsoo (jihad) kan amantii Islaamaa eeguu fi sadarkaa biyyaatti diinarraa ittisuu.

Seerri adabbii yakka amantii jijjiirachuu, akkaataa namoota gariitiin, sadarkaa nam-tokkee fi gareerrattis ni hojjata, waan warra amantii miidhuuf, diiguuf, ykn faalleessuuf deemu ittisa jedhamee amanamuuf. Seera haala kanaan hojiirra oolchuun, hayyoota Muslimaa biratti, qajeelfamni bilisummaa amantii, seera Qur'aana keessatti ibsameen (Dhimma amantii keessatti dirqisiisuun hin jiru) kan jedhuun wal hin faallessu jedhan. Kanaan seera adabbii du'aa kan nama amantii jijjiiratee mirkaneessan. Waqtiilee baay'ee seenaa Islaamaa keessatti, mirkaneessaan kun ilaalcha bu'uuraa tokko as baase. Ilaalchonni warroota gurguddoo dhageetti qabanii kan akka Umar ilma Kaxxaab (d. in 644 CE), Ibraahiim al Nakhii (d. 811 CE), Sufyaan al-Soowrii(d.777 CE),) fi kanneen biroos hawaasa biratti akka dhageetti dhaban taassise.

Kanaafuu, warroonni seera Islaamaa ceessisan ykn nutti dabarsan wanti himan akka waan seera dura hayyoota beekumsaa (fiqh) tiin tumame irratti waliigalteen turee fi namni amantii jijjiirate dirqama adabbii du'aatiin akka gara Islaamaatti deebi'u haasawan. Kaayoon seera kana duuba jiru Islaamummaa fi hundeewwan isaa, hawaasa Muslimaa, hundeewwan seerummaa mootummaaIslaamaa fi seerota

amantii kanneen biroos, akkasumas sirnoota jireenyaa mootummaa Islaamaa keessaa daba ykn xiqqeenya irraa eeguu dha.

Seerri kun mirga namaa kan amantaa fi amantii fedhe filachuu fi amantaa ofii bilisaan dhiibbaa tokko malee ibsachuu kan faallessu yoo ta'u, kanarratti mariin kan jalqabe Jamaal-al-Diin al-Afgaanii, Muhammad Abdullaah, Rashiid Ridaa fi kan birootiin. Xiinxaltoonni kunniin wanti yaadan Islaamni bilisummaa amantii fi yaadaa dhiisee, nama amantii jijjiirate dirqiin du'aan adabuun gara Islaamaatti deebisuu barsiisa jedhan. Kitaabni al-Afgaanii beekamaan, *Al-Radd ala al-Dabiriyyiin* wanti addeesse Muslimoonni qajeelcha Qur'aanaa fudhachuun warra kana mormu waliin mari'achuun, himannaa isaaniif deebii kennuu, shakkii isaanii ragaalee Islaamaatiin mirkaneessuu fi kuffisuu dha. Garuu, dhimmichi yeroo san furmaata hin arganne; wal-mormisiisaa ta'eet itti fufe, Warri haqa didanis yaada isaanii kanaan gara ummataa hin bahan.

Dafnee bara 1985[tti] deebi'uun, yeroo Pirazdaantiin Suudaan Jaafar Numeeyrii seera Islaamaa kana Mahmuud Muhammad Xaahaa irratti ajjeechaa ajajuun hojiirra oolche. Kan Salmaan Rushdii ajaja Imaama Iraan Kumeeyniin ajjeefamuun itti aane. Dhimmoonni lamaanuu ilaalcha addunyaa keessa gale; Islaamni akka irra hamaa waan warri Dhihaa itti fufiinsaan faarsan: bilisummaa miidhuutti hafarfame. Murtiiwwanii fi kitaabonni dhimma Rushdii hordofanii dhufan haaluma dhaabbataa adabbii du'aa kan nama amantii jijjiiratee san ragaassisan. Haalonni daran hamaa ta'an Masrii keessatti raawwataman, namoota baratan kan Masrii biratti mufii fi mootummoonni walta'an, dhaabbileen sabaa himaalee isaanii fi kanneen biroo ammoo warri ajaja addunyaa haarawaa (new world

order) Islaamarratti dhiibbaa geessuu eegalan. Akkamitti, eegasii, Muslimoonni taatee hamaa isaan balleessuuf deemuufi namoota Islaamarraa garagalchuun isaan dhahu kana ittisu?

Barmaatilema hayyoota seeraa Muslimaa kana itti fufuun, qo'annoon kun jechiadabbii (*hadd*) ykn adabbiilee (*huduud*) jedhu kana seerotaa fi ittiiin bulmaata Rabbii godhee fayyadama. Arabooni jecha *hadd* jedhu kana seera afaanii keessatti miira waan gidduu wantoota lamaa jiru haguuguutti yaadu. Jechoonni hayyoota seeraa fi beektota Muslimaatiin fayyadamaman kan tooftaa seera Islaamaa arraba Qur'aanaatiin osoo hin ta'in arraba(hiika) afaaniitiin caalame. Fakkenyi xiqqaan kanaa jecha *hadd* jedhu kana *huduud* jennee yoo baay'ifnu, jechi kun Qur'aana keessa keeyyatoota kudha afur keessatti argama. Kanniin keessaa lamaanitti, akka miira '*Seeraa fi ajajoota Rabbii'* jedhutti tajaajila, waan akka soomanaa, fuudhaa fi heerumaa, hiikkaafi dhaalaarratti. Keeyyata kamuu keessatti *huduud*adabbii ykn adabbii yakkaa kan jedhu ibsee hin beeku. San irra, ajajootaa fi seerota Rabbiitti dhihaachuu fi ajajamuu addeessa.

Qur'aanni barbaachisummaa ajaja seerota Rabbii jala deemuu ykn bitamuu kessattuu dhimmoota maatiin walqabatan irratti jabeessa; nama kan ajaa'ibu akkamitti hayyoonni seeraa Muslimaa hojmaata Qur'aanaa kana gara hiika aangoo sirna adabbii yakkaatti hiiqsan ykn jijjiiran kan jedhuudha. Ammas, yakkoonni Qur'aana keessatti hannaa fi yakka saal-qunnamtiin walqabatanii dubbataman jecha adabbii (*hadd*) jedhu kana hin fayyadaman. Maaltu itti fayyadama Qur'aanaa keessatti daangaa dabruu saalfii ykn qaanii hin qabne kana duuba jiraa?

Bulchaan sirna adabbii yakkaa kana akka meeshaa irra barbaachisaa seera ittiin kabachiisuutti, ajaja dabarsuu fi, kaayoo galmaan gahuutti ilaala. Sirni adabbii yakkaa irra sodaatamaan kan aangoon isaa gara Rabbiitti deebi'u; sirni akkanaa kan bulchaan ajajaa isaa ittiin gammachiisu waan ta'eef. Kanaan walqabatee, hayyoonni amantii (iimaana) qaban kanneen akka Imaam Maalik, Abuu Haniifaa, al-Shaafi'ii, Ahmad Ilmi Hanbal, Al-Hasan al-Basrii, Sufyaan al-Soowriifi kanneen biroos bulchitoota sirna adabbii yakkaa kanatti seeraan ala aangoo ofiitiif itti fayyadaman mormaa turan. Hafteen barruuleen Muslimaa hedduun mormii kana ibsan, keessattuu bakka hayyoonni fi bulchitoonni qophii godhatanitti, ammas xalayaa ergaa, barnootaafi barreeffamoonni hayyoota seeraa fa'a. Akka haqaatti, umrima keenna keessattuu, warroonni faallaa '*Islaama Siyaasaa*' deeman Islaamaa fi seera Islaamaas gara seera sirna adabbii yakkaatti qofa gadi buusu. Kana hordofee, yeroo hedduun isaanii seera Islaamaa irraa haasawan, akka seerri Islaamaa sirna adabbii yakkaatiin ala homaatuu mitii ykn homaa hin ta'inii itti baanu. Akkasumas, abboonni irree hedduu seera adabbii yakkaa muraasa fayyadamuun quuqama amantiifi kutannaa Shari'aa waan qabaatan fakkeessu.

Qulqullinni amantii barruuwwan namni amantii fakkeessee barreessuun wal faallessan, kara namani amantii itti hubatuunis akkasuma. Ibsamoonni akkasii yaada amantii faalu, waan seerummaa qabiyyee irraa baasanii hiika biraa itti kennaniif. Rabbiin ergamtoota Isaa kan erge akka isaan Isarratti mormii tokko hin qabaanneef. Garuu dandeettii namaa kan mormuu, ragaa fi mirkana barbaaduu ni raggaassise. Qur'aanni xiinxalli Islaamaa kan akka

yeroon dabruun of haaromsaa deemu, qajeelfama Islaamaa kan yeroon irra hin dabrineef ammoo faana gadi fageessaa deemu, qajeelfama bu'uura seeraatis kan addeessu godhe. Sunnaan Qur'aanuma haala daran sirrii fi ifaa ta'een fayyadamuu fi hubachuu of keessatti qabata.

Sunnaan, akka walii galaatti, akkaataafi tooftaa Nabiyyiif ittiin bitaman ykn hordofan ibsa. Kanaaf, wanti beekuu qabnu tole jechuun ykn bitamuu gidduu garaagarummaa jiruudha. Gara biraatiin ammoo, akkeessuun nama biroo mormii tokko malee fudhachuu fi hordofuudha. Bitamuu ykn jala deemuu ykn masakamuu fi tole jechuun hojmaataawwan amala aangoo fi ragaa qabatamaa kan nama dursa beekanii fi hubatan hordofuuti. Fakkeessuu fi caljedhaniituma fudhachuun (*taqlid*) immoo, ragaa ykn qorannaa tokko malee usanii waanuma argame fakkaatuu dha. Tilmaamni (ijtihad) seera Islaamaa keessaa amala addaati, seera, murteessaa bilisaan itti yaaduu fi haaromsuudha. Sunnaa irratti yaada kennuun ergaa Qur'aanaa addeessuuf ykn ifa galchuuf tilmaama (kan hayyoonni Muslimaa yoo ragaa qabatamaa dhaban murteessan) barbaachisuu danda'a. Hojmaatni murteessaan kun meeshaa adda addummaa ummatoota addunyaa, yaadota yeroo dheeraa fi dhimmoota murteessoo ta'an ittiin beeknu ykn bakka kenninuuf.

## Boqonnaa Lama

## Ibsa Qur'aanni Waa'ee Nama Amantii Jijjiiratee Irratti Kenne

Qur'aanni amaloota bu'uuraa kan yaada amantii jijjiirachuu ibsa. Dimshaashumatti, amantii jijjiirachuufi irraa deebi'uu (toowbachuu) ykn gara Islaamaa fi Rabbii deebii dhabuun adabbii guyyaa boruutti nama geessa. Namni amantii isaa jijjiire ofuma qofa miidha. Warroonni irra deddeebiin amantiirraa maqan, homa fedhee yoo hojjatan, araarama Rabbii hin argatan;.Namni amantii isaa dirqisiifamee jijjiire ammoo amantiin isaa hin miidhamu. Haalli namni amantii isaa fedhiin jijjiire tokko yoo fedhiin onnee isaa irraa itti yaadee murteesse ni gaafatama. Dadhabinni amantii (iimaanaa), shakkii baay'isuun, Rabbiin onnee qulqulluun gabbaruu yoo dhabe sababoota barbaachisoo amantii jijjiirachuutti nama geessan keessaa muraasa. Dalagaan kamuu yoo nama amantii jijjiirateen dalagame fudhatama hin qabu; kun bu'aa inni/ishiin eeguu qabu/qabdu. Jechi 'amantii jijjiirachuu'ergaa Islaamummaa fi amantii eega qabatanii ka'anii irraa bahuu ykn gadi dhiisuu fi ajaja Waaqaa didanii dha.

Jechoonni amantii irraa deebi'uu (al-ridda) fi deddeebi'uu (al-irtidad) jedhan hubannaa Qur'aanaa keessatti wanti ibsan namni tokko bakka dura gadi dhiisetti deebi'uudha. Garuu, keeyyanni Qur'aanaa kamuu amantii jijjiirachuu kanuma Islaamaa qofa hin jenne; ykn jijjiiruun kanuma amantii qofa hin jenne. Kanarra, Qur'aanni jechicha akka lamaanittuu (amantiifi meeshaafis) fayyadama; jecha deebise (radda) jedhuun walqabatee. Amantii jijjiirachuu (riddah) Qur'aana keessatti Islaamummaarraa deebi'uu ykn gadi dhiisuu ibsa. Of eeggachiisuurratti, keeyyatoonni kunniin

nama gara Islaamaa dhufu cufaa akka cimsee Islaamummaa qabatuufi qajeeluma dhugaa isa bu'uuraa kan jiruuf jireenyaaf tole qabachuudha.

Qur'aana keessatti, ibsa kana booda yaadni nama amanatii jijjiiratee, ykn *riddah,* keessatti wanti arginu Qur'aanni jecha afaanii kana ergaa adda addaa amantiin walqabatan ittiin dabarsu. Jechi afaanii *al-riddah* jedhu amantii Islaamaa irraa deebi'uu ibsa. Namni amantii kan jijjiiratu yoo dhugaa eega dura fudhatee Rabbiif bulaa turee gadi dhiiseedha. Amantii jijjiirachuu jechuun jaarrotaaf shakkii tokko malee Islaamummaa ykn amantii biroo irraa deebi'uu ibsa.

Keeyyatooni armaan olitti ibsaman kunnin, waa'ee amantii jijjiirachuurratti wanti Qur'aanni dubbate, tokkoyyuu adabbii addunyaa tanarratti yakka dalageef ykn amantii jijjiireef ni adabbima wanti jedhu hin jiru; humna fayyadamuun amantii duraatti deebisuun ykn yoo inni dide ajjeesuun gonkumaa hin dubbatamne. Akka Qur'aana keessatti ibsametti, jechi amantii jijjiirachuu kan ibsu jijjiirama xiin-sammuufi sammuu kan nama dhuunfaa san qabxii amantii jijjiirachuutti geessuudha.

Bilisummaan nama tokkoo, sonoota seera Islaamaa fi yaada daran barbaachisaadha. Akka haqaatti, gaheewwan ciccimoo iimaanaaf tokkichummaa Rabbii beekuuf barbaachisan keessaa, ilma namaa Rabbitti waa makuu, amantiin ala ykn awaamummaa fi wantoota uumaman gabbaruu ykn kadhatuu irraa fagaachuu fi Rabbiin walitti fiduus dhiisuudha.

Keeyyatoonni Qur'aanaa hedduun tumsa, ittisaa fi eegumsa bilisummaa kanaatiif kaayaman. Akka haqaatti, keeyyatoonni

kunniin mirga namaa kabachiisuu keessatti walgargaaru, dhiibbaa fi giddu-galiinsa alaa irraayis ni eegu.

Gara caalu keeyyatoota jiran keessaa tokoo wanti ibsu“Dhimma amantii keessatti dirqisiisuun hin jiru.” jedha. Yeroo Makka keessatti warroonni amantii didan ykn kafaran Muslimootarratti gaafa waggaa 4 AH lola banan, Sahaabonnis Nabiyyiin akka ijoollee amantii Judaa’izimii qabatan humnaan gara Islaamaa deebisaniif hayyama gaafatan; akka isaan Yahuudota waliin hin jiraannes. Nabiyyiin ni didan. Dhimma amantiirra siyaasatti dhihaatuun, hordoftoota amantiiwwan muraasaa biratti wanti beekamu, keessattuu Kiristaanummaan, gara amantii isaanii akka deebi’u dirqu. Keeyyatoonni Qur’aanaa hedduun Nabiyyiinis akka dirqamaa fi dhiibbaa kamuu namoota kanniin irratti hin goone addeessan.

Wanti duudhaa fi yaada Qur’aanaa adda godhu, nama durumayyuu amantii hin qabnee fi kan eega amanee booda amantii jijjiirate akka garagaraatti ilaaluudha. Adda addummaan akkasii nama durumaa didaa ta’eef bilisummaa, kan amanee ka’ee deebi’ee amantii jijjiirateef bilisummaa san irraa mulquu mul’isa.

Gaafiin iraa deebi’uun (toowbaa) walqabatee dhihaatu kan nama amantii jijjiiratee, toowbaan fudhatamus baatus, kunniin hunduu dhimmoota Rabbi harka jiran. Amantii jijjiirachuun hamma rakkoo ykn yakka biraa hin hordofsiisinitti, gidduma Rabbii fi nama sanii giddutti hafa, kennaa bulchitoota addunyaatii miti.

## Boqonnaa Sadi

## Waa'ee Amantii jijjiirachuu Yeroo Jireenya Nabiyyii Keessatti

Islaamummaa keessatti, dhugaa of danda'e tokkotu jira; Qur'aanni bu'uura ragaa seerota, sirnootaa, qajeelfamootaa fi dambiiwwan amantii Islaamaa hunda of keessatti qabatuudha. Sunnaan ibsaa fi addeessa Qur'aanaa ta'ee, fakkeenya akka barnoottan isaatiif ittiin bulan ykn ajajamaniifi hojmaata Nabiyyiin Qur'aanatti hojjataniidha. Qur'aanaa fi Sunnaa gidduu adda addummaa heddutu jira. Qur'aanni, ittiin jalqabuuf, ragaa bu'uuraa ykn utubaa sirna seera Islaamaati, yemmuu Sunnaan mirkanaa'e ammoo ragaa ibsaa waan Qur'aana keessatti dubbatameeti. Qur'aanaa fi Sunnaan ragaalee ykn madda ragaalee waltumsaniidha. Waldhabdeen, walfaallessuun, walsimachuu dhabuun, ykn waldhibdeen isaan lamaan gidduu, ykn qaamni Sunnaa kamuu waan Qur'aanni dubbate hin dhabamsiisu ykn hin waakkatu. Sunnaan waanuma Qur'aana keessa jiru addeessa ykn mirkaneessa.

Qajeelfamoonnii fi tooftaan Qur'aanaa kan durii hanqina amala bilisummaa amantii ifatti adda baasa. Qur'aanni wanti dubbatu adabbiin nama amantii jijjiirate irratti raawwatamu dhimma jireenya du'aa boodaatti raawwatuudha jedha. Yeroo ykn gadaa Nabiyyii wanti mul'ate, namoonni dhibbaatamaan lakaa'aman amananii deebi'anii keessoo isaaniitiin didan ykn kafaran (munaafiqan) ykn amantimaa jijjiirratan. Akka haqaatti, amantii jijjiirachuun isaanii sadarkaa ergamaa Rabbiitii fi hawaasicharratti miidhaa geessuu gahee ture. Haa ta'u malee, Nabiyyiin miidhaa tokkoo isaanirra geessuurraa of qusate "Muhammad Sahaabaa ofii ajjeesa" akka hin

jenneeniif ykn humnaan amantii ofii isaan fudhachiisa akka hin jenne. Haaluma Kamiinuu Nabiyyiin ajjeechaan deebii deebisee hin beeku, yoo namni dhuunfaa sun yakka addaa kan adabbii saniif isa saaxiluun himatame ykn of hime malee.

Fakkeenyaaf, hedduun hayyoota seenaa Nabiyyii seenaa jireenya namoota Islaamummaa seenanii eega Nabiyyiin sama'aa bahanii waan halkan san isaan qunname ykn raajii san ibsanii (isra'a & mi'iraj), Makkaa gara Madiinaa deemuun, booda deebi'anii amantii jijjiiratan ykn Islaamummaa gadi dhiisan. Taateen kamuu kan yeroo Nabiyyii gochi ajjeechaa irratti raawwatame sababa namni sun yakka lolaa ykn lubbuu baasuutiin himatameeti; waan amanti jijjiireefii miti. Rabbi, haqatti, Nabiyyii akka warra dhugaa didee fi munaafiqa irratti qabsaa'u ajajeera.

Ragaan kabajaa ykn Rabbirraa bu'e kan namni amantii jijjiirate ykn Islaamummaa keessaa bahe haa ajjeefamu jedhu hin jiru. Qur'aana keessattis ta'ee gochoota Nabiyyii keessatti ragaan Nabiyyiin akka Rabbi adabbii kana buuse ni beeku jedhu ykn addeessu hin jiru. Osoo adabbii akkasii san quba qabaatee, hojiirra oolmaa isaa hin ceem'u ture; adabbii yakkoota biroo hojiirra oolchuurratti cimaa waan ta'eef.

Seera tumtoonni Muslimaa akkuma Qur'aana keessa ragaan seeeraa adabbii ajjeechaa nama amantii jijjiiratee akka hin jirre hubataniin, Sunnaanis (gochaa fi jechi Nabiyyiis), adabbii kana akka hin qabne hubatanii bilisummaan naman dhuunfaa kan amantii fedhe fudhatuu sona kabajamaa Islaamaa ta'uu fi Qur'aana keessatti keeyyatoonni dhibba lamaa ol kanneen nama amantii jijjiirate ajjeesutti ajajan

fakkeessuun, akka waan Sahaabaawwan irratti walii galanii godhan; himannaa kanas Hadiisota sirrii hin ta'in kan tokkoon isaatuu gaafiirraa bilisa hin ta'in Nabiyyitti maxxansuun.

Fakkeenyi dabalataa kan bu'aa hin qabne tokko kan jireenya Nabiyyii keessatti hawaasa Muslimaa fi gosa Qureeyshaa jiddutti bara (627 CE) godhamerratti, kan qabatama lola dhaabuu waggaa kudhaniif godhamerratti. Waliigalteen *hudeeybiyyaas* waggaa kudhaniif ture, garuu Qureeysha waan diigdeef waggoota lama qofaaf ture. Waliigalteen kun Nabiyyiin adabbii du'aa nama amantii jijjiirerratti raawwatuu dhabuuf fakkeenya guddaadha. Sababnis haalli ture silaa akka qajeelfama kana dhiisuuf isa dirqa ture. Garuu Nabiyyiin takkumaa dhimma siyaasaatiif jecha qajeelcha Rabbii diigee hin beeku. Akkataa waliigalteetiin, namni moonaa Muslimaa gadi dhiisuu filate cuftuu, gara Qureeyshaa deebi'uuf mirga qaba, bilisaan osoo hin adabbiimin. Waliigalteen kun wanti argamsiise, mul'ata nagayaa kan ajaja Rabbii hin diigneedha. Haqxi kun irraanfatamuu hin qabu. Dabalataan, yaaliin achi booda seerri adabbii yakka amantii gadi dhiisuu eegasii tumame ykn argame jedhu bu'uura seeraafi ragaa qabatamaa waan hin qabneef dogongora ta'a. Sababa qabatamaa kan yeroo sanis ta'ee booda ykn seenaa keessatti gochi kun raggaassifame ykn seeruma ta'eetuu mul'ate jedhu hin argamne.

Ragaan qabatamaan jireenya Nabiyyii keessatti argame, takkaa nama amantii jijjiirate du'aan adabee hin beeku kan jedhuudha. Osoo Rabbi adabbii yakka akkanaatti isa ajajee jiraatee, silaa sababa kamiifuu hojirra oolmaa isaa irraa of duuba hin deebi'u ture. Akka fakkeenya qo'annoo kana keessatti barreeffametti namootni amantii

jijjiiratan wanti ajjeefamaniif, yakkoota birootiin himatamaniiti. Haalota akkanaa keessatti, amantii jijjiirachuun labsii hawaasa naannoorratti lola labsuufi diinomuutiin walqabatan.

## Boqonnaa Afur

## Deebii Nama Amantii Jijjiireef Sunnaa Afaaniitiin Kenname

Sunnaan afaanii, kan himoota Nabiyyiirraa walitti qabame, Hadiisota nam-tokkee kan ajaja ajjeechaa nama amantii jijjiiree of keessaa qaba. Hadiisota akkanaa beekamoo keessaa kan seera tumtoonni Muslimaa irra deddeebiin maxxansan ykn barreessan, kan hedduun isaanii Hadiisuma kana ragaa godhatanii mormaa turan, "Yoo namni tokko amantii isaa jijjiire, ajjeesaa" jedha. Hadiisni kun kan bal'inaan beekame eega yeroo Islaamaa durii dabre booda. Yeroo sana dura, garuu, Hadiisota nam-tokkee (*hadith aahaad*), kan hanqina gabaasaa qabutu ture.

Hadiisni tokkichi kunuu haala gaggeessitoota Yahuudaa kanneen Nabiyyii, Qur'aanaa fi ergaa isaa kallattima danda'ameen, keessattuu Muslimoota Madiinaa irratti olola sobaa tamsaasuun isaan xiqqeessanii ykn tuffatanii, qoqqooddaa uumuun nageenyummaa hawaasichaa waan jeeqaniif. Kun yeroo Muslimni tokko amantii Islaamaa seenee egasii gadi dhiise hin raawwanne ykn tarkaanfiin kamuu isarratti hin fudhatamne. Haala kanarratti yeroma takkalee Nabiyyiin tarkaanfii du'aatti ajajanii hin beekan. Garuu Hadiisni kun akka waan Islaamni nama amantii jijjiirate ajjeesuu tumsuutti fakkeeffamee itti fufe. Qo'annoon kun seenaa walxaxaa ykn ololaa kan Imaam Alitti maxxanfame kan Hadiisa hiikuurratti hundaa'u ni balaaleffata. Keeyyanni armaan gadii kun waldhibdee hawaasaa gidduu ture Qur'aana keessatti mul'ate addeessa:

۞ لَّئِن لَّمْ يَنتَهِ ٱلْمُنَٰفِقُونَ وَٱلَّذِينَ فِى قُلُوبِهِم مَّرَضٌ وَٱلْمُرْجِفُونَ فِى ٱلْمَدِينَةِ لَنُغْرِيَنَّكَ بِهِمْ ثُمَّ لَا
يُجَاوِرُونَكَ فِيهَآ إِلَّا قَلِيلًا ﴿٦٠﴾ مَّلْعُونِينَ ۖ أَيْنَمَا ثُقِفُوٓا۟ أُخِذُوا۟ وَقُتِّلُوا۟ تَقْتِيلًا ﴿٦١﴾ سُنَّةَ ٱللَّهِ فِى
ٱلَّذِينَ خَلَوْا۟ مِن قَبْلُ ۖ وَلَن تَجِدَ لِسُنَّةِ ٱللَّهِ تَبْدِيلًا ﴿٦٢﴾ ألحزاب:60 -62

*Egaa dhimmi: Munaafiqoonni, warri keessi isaanii dhukkubaa fi isaan warroonni shakkii dharaa facaasan, Madiinaa (magaalaa Nabiyyii) keessatti jeequmsa uumanii hammeenya isaanii irraa deebi'uu didan, ykn hin dhoowwamin, isaan irratti si kakaafna, eegasii yeroo xinnoo malee ollaa kee ta'anii itti fufuu hin danda'an. Isii keessatti abaaramoo ta'anii, bakka argamanitti qabamanii, ajjeechaa hamtuu ajjeefaman. Tun murtee ykn karaa Rabbiin warra asiin duraas ittiin qorate, murteen ykn karaan Rabbii hin jijjiiramtu!(33:60-62)*

Keeyyatoonni Qur'aanaa akkanaa kunniin wanti buufamaniif Islaamummatti keessaan mala dhahuufi harka kennachiisuu hambisuu fi. Kanaaf, yoo Hadiisni Nabiyyiin armaan olitti jedhan sun sirrii ta'e, dhimma nageenyaa hamaa kana silaa dursee matatti qabatuun ni dubbatu ture.

Seerri beekumsa Islaamaa (fiqh) hamaa fi iirra deebiin ka'u, Hadiisa kana yoo xiqqaate sadarkaa hojirra oolmaa isaa kan Qur'aanaa daran addeessa. Kana dalaguun, Hdiisni Qur'aana ibsuu irra dabree isaan walmadaaluu ykn qixxaatuutti dhihaate. Goolabni hojmaata kanaa, osoo nama hin dinqisiisin, Hadiisni akka humna guddaa horatee Qur'aanatti murtee dabarsu taassise. Sababa kanaaf, qo'annoon Hadiisa gabaasa qulqullaayeen ykn mirkanaa'een nutti dhufee

akkasumas, ragaalee barruu kan isa gargaaraniifi hayyoonnis waa'ee isaa dubbatan rageeffata.

Kana dalaguun, namuu akka beektonni Hadiisa kana itti fayyadaman arguu danda'a, haala inni Qur'aana itti ibseefi ragaa Qur'aana keessa hin jirres itti murteesse hubatuus danda'a. Namni tokko, fakkeenyaaf, Hadiisni ykn oduunkun akka jireenyi namaa barbadaa'u ibsa jedhee hubatuu danda'a, Qur'aanni garuu kunuunsaa fi eegumsa guddaa kennaaf badii isaa karaa danda'ame ykn aanje hundaan dhoowwa.

Ammas, keeyyatoonni Qur'aanaa dhibba lamatti dhihaatan dhimma amantii keessatti qajeelfama dirqisiisuuni balaaleffatu; namuu waan na baasa jedhetti amanuu ykn amantii fedhe filachuu mirga qaba. Akkuma ilaalaa turre, Qur'aanni namni amantii fedhe filateef adabbiin dacheerratti isa mudatu hin jiraatu jedha; haala namni sun miidhaa biraa hawaasarraan hin gahiniin. Faallaa san, Qur'aanni nama amantii jijjiirate kan adabu Rabbi qofa ta'uu ibsa. Namni tokko yoo Hadiisa kana kallattii ykn madaala keeyyatoota Qur'aanaa kan hiikni isaanii ifaa fi sirriitiin ilaallu, homaa cimaa miti. Haa ta'u malee, yoo Hadiisonni hedduun kophatti ilaallaman (Qur'aanarraa adda baafamanii), ammas yoo gabaastonni gariin dhimma kana taateewwan biroo wajjiin walqabsiisan, haadni gabaasaa guutuu miti ykn Hadiisota muraasaan dadhabaadha, kanaaf Hadiisonni akkasii maddoota amanamoo ragaatii miti.

Dabalata rakkoo gabaasa akkanaa kanarratti wanti yaadatamuu qabu, Hadiisonni hedduun gabaasaalee nam-tokkee irraa ta'uudha. Ergaawwan gariin ammoo nama amantii gadi dhiise ibiddaan gubuu

fa’a kan dubbatan yoo ta’u, osoo jiran gubatu moo eega haaduun ajjeefaman kan jedhu hin jiru. Dabalataanis, ragaaleen kunniin hedduun hanqinaa fi hir’ina kan qaban yoo ta’an, qo’annoon kun Qur’aanni akka Sunnaarratti caalmaa argatuu dha. Jecha biraatiin, Qur’aanatu dhugummaa Sunnaa mirkaneessa malee faallaa sanii miti. Haalli kun Islaamummaa keessatti yeroo ilaalchaa fi imaammatoota bakka bu’oota qajeeloo lamaan (Abuubakrii fi Umar Ilma Kaxxaab) durii, warroota Qajeelluma Qur’aanaa fi Sunnaan fuudhee hojiirra oolchuuf murannoon hojjatan irratti xiyyeeffata.

## Boqonnaa Shan

## Ilaalcha Hayyonni Seera Muslimaa Adabbii Nama Amantii Jijjiiratee Irratti Qaban

Tarkaanfiin itti aanu marii kana keessastti ijjannoo hayyoonni seeraa Muslimaa dhimma kanarratti qabanii fi ragaa isaan irra dhaabbatanis ilaluudha. Hayyoonni seeraa Muslimaa dhimma kanarratti ijjannoo bu'uuraa lama qabu: Sunnaa afaanii fi Hadiisa "Nama amantii isaa jijjiire ajjeesaa" jedhu sirriidha jedhu. Dabalataanis, kun hojmaata waliigalaa kan nama amantii isaa jijjiirate hundarratti raawwatuudha. Islaamaa fi Muslimarratti lola bananis baatanis murteen tokkuma.

Bu'uurri lammataa, himannaa waliigalteen dogongora jedhuu fi hayyoonni Islaamaas waliigaltee irratti akka waan walii hin galinii godhanii fudhatu. Hayyoonni beekamoon seeraa amantii jijjiirachuu miira siyaasaatiin walqabsiisuun ilaalchaa fi amantaa nama dhuunfaa irratti murteessu. Hayyoonni gariin amantii jijjiirachuu akka gocha yakkaatti ilaaluun akka ajajni Rabbii isaan adabuutti qajeelchuu gochuun murteen seeraa isaanirratti raawwachuu qaba jechu. Kanneen biroo ammoo amantii jijjiirachuun akkuma yakka yoo fedhan adabuuti yoo jedhan, kaanneen adabbiin isaa seera imaammata Islaamaatiin murtaa'a; bulchitoonni Muslimaa akka fedhanitti ykn hiika itti fakkaatetti raawwatuu danda'u, seera, nageenyaa fi tokkummaa hawaasa naannoo eegsisuuf jecha jedhu.

Waliindhahiinsi gidduu 'ganuu siyaasaa' fi 'amantii' aadaa hafuuraa keessatti naannoo Hijaazitti mul'atee ture. Tokko aadaa Yahuudotaa kan nama amantii Yahuudaa gadi dhiise ajjeesaa jedhuun walmake. Ammas, weerarri Islaamaas biyyoota hedduu uume, kanneen

sirnoota, barmaatilee, aadaa fi seerota isaanii qabanii fi garuu seera ummata Muslimaatiin bulan. Seeronni sunniin, fakkeenyaaf, wal amantaa jijjiirachuu, gaggeessitoota siyaasaafi ajaja seeraarratti fincila kaasuu fa’aan walqabatu. Biizaantaayinoonni, Peershiyaanonnii fi kanneen biroos bakkoota isaan qabatan keessatti seerota sonaan ijaaramanii kan danbiiwwan, barmaatilee fi aadaawwan maddisiisan uuman; kan eegasii naannawa Muslimaa faalan ykn itti makaman. Seeronni, danbiiwwani fi aadaawwan sunniin qor-qalbii hayyoota seeraa Muslimaa halluu diban.

Sababoonni lola nama amantii jijjiiratee kan yeroo bakka bu’aa Abuu Bakrii (632–634 CE)  argaman sirnaan hin addeeffamne. Kallattii siyaasaarratti hundaa’uu baatanis, kallattii amantiitiin akkanatti jecha Abuubakriiti jedhanii ibsan “Ani nama zakaa fi salaata adda baaserratti lola bana!” jedha. Dabalataanis, Abuu Bakri yaada amantiirratti waan hundaa’eef, seera, aangoo, ajaja ummataafi bulchiisa waliigalaa dabalatee cuftuu moonaa Shari’aa jedhu jala waan jiraniif, seera amantiif seera nam-tolchee jidduu wanti adda bahe hin jiru. Kaayoon lola warreen amantii jijjiiranirratti godhameef lammiiwwan dirqamaafi dalagaa isaanii irraanfatan dirqiisiisuufi akka hawaasa Muslimaatti, ykn akka lammiiwwaniitti, dirqamoota kanneen raawwachuun seera amantii kan lamiin kamuu akka humna isaatti raawwachuu qabu akka sirnaan raawwatuufi.

Adeemsa seera Islaamaa Sunnii afran keessaa, adeemsi al-Hanafii amantii jijjiirachuu akka adabbii yakkaa cimaa Rabbi biraa dhufeetti hin keenne. Sanirra, barruulee isaa keessatti mata duree *siyaar*ykn amala qabsoo fi kanneen biroo jdhu jalatti irratti haasaye. Hayyoonni seeraa Hanafii wanti beeksisan dubartiin amantii jijjiirte adabbii

du'aatiin adabbiimuu hin qabdu jedhan. Dhiirri of beekee waa adda baafates hin ajjeefamu ni hidhama malee jedhu. Dhiirri dargaggeessa immoo du'aan adabamuu qaba jedhu. Ijjannoo kanaaf ragaa Qur'aanaa kan hin qabne ta'anis, Hadiisuma armaan olii san wabeeffatuun. Hadiisa kana kan tumsan waliigaltee Sahaabaawwan Nabiyyii nama zakaa baasuu dide (kan Abuubakr lola irratti bane) san ragaa godhatuun; gaaga'ama hawaasaa ittisuuf. Hayyoonni seeraa Hanafii ammo amantii gadi dhiisuu kallatti siyaasaatiin ilaalu.

Adeemsa Malikiitti ammo, amantii jijjiirachuun akkuma yakkoota biroo kanneen akka sagaagalummaa qoodama. Garuu akka yakka Rabbi irraa adabbiin isaa ajajameetti hin ilaalan. Imaam Maalik imaammata seera Islaamaafi Hadiisa hir'uu ajaja Rabbiitiin walmadaalchisee gamaaggamaa ture; yeroo namni amantii jijjiiratee irraa hin deebi'in ykn hin toowbatin ajjeefamuu qaba jedhe. Ijjannoon Maalikii dhimma kanarratti namni amantii jijjiirate dhiiras ta'ee durba ajjeefamuu qaba kan jedhuudha.

Adeemsi barnoota amantii Shaafi'ii tooftaa keeyyatoota Qur'aanaa bu'uureffatee, Rabbitti waa ida'uu balaaleffatuun, jireenya Muslimaa kan seera-qabeessaan ajjeefamtu taatu karaa sadi qofaan jedha: nama eega amanee amantii gadi dhiise ykn jijjiire, sagaagalaa/ltuufi nama nama ajjeesse jedha. Imam AlShaafi'iin dhimmicha adeemsa keeyyatoota Qur'aanaa afran armaan gadiitiin ilaale: (1) "Hamma wareerri isinirraa dhaabbatee Rabbiin tokkichi qofti gabbaramutti lolaanii" (8:39; (2) "…Warra Rabbi biratti waa ida'an bakka argitanitti gorra'aa, booji'aa, marsaa, bakka shakkitan hundaan of eegaa. Yoo isaan irraa deebi'anii, saalaata salaatanii, dirqamoota biroos bahan, gadi dhiisaa Beekaa! Rabbiin daran irra namaa dabraa,

guddinnas namarratti dhangalaasaa”(9:5); (3) “ Garuu yoo tokkoon keessan amantii jijiiree didaa ta’ee du’e, dalagaan isaa addunyaatti bu’aa dhabdi, guyyaa boodaa ykn aakirattis ni hoonga’a. Ibidda keessatti abad taa’a, keessaa hin ba’u”(2:217); (4) “ fi hanga ammaa, isinirratti buufamee(Yaa nama,) akkasumas warroota isin dura jiraataa turanis, yoo Rabbitti waa idaatan, dalaggaan teessan cufti ni baddi, yeroo dhufutti, isin warra kasaare ykn hoongahe irraa taatan”(39:65). Keeyyanni duraa kan Imaam Shaafi’iin rageeffate seera-qabeessummaa lola hidhannoo yoo amantii ofiirraa ittisuuf ta’ee fi warra amantii jijjiiranis dhoowwuuf. Adeemsi barnoota AShaafi’ii nama amantii jijjiirate du’aa adaba. Sababni isaas namni amantii jijjiirate didaan isa kaan irra hamaadhaa, araaramaa fi dhiifama Rabbii cufa dhabaa jedha. Garuu, keeyyatoota afran keessaa kamiyyuu keessatti Qur’aanni namichi kun dirqama adabbii du’aatiin adabbiimuu qaba hin jedhu.

Adeemsa barnoota Hanbalii keessatti, nama amantii jijjiirate ajjeesuun akka ajaja Rabbiitti osoo hin ta’in, Hadiisuma dabre “Nama amantii isaa jijjiirate ajjeesaa” jechu kanarratti hundaa’eeti.

Waliindhahiinsi ijjannoo kan mul’atu amantii jijjiirachuu ilaalcha miira siyaasaatiiniifi ilaalcha amantaafi kabaja nama dhuunfaati. Dabalataanis,adda addummaan adeemsa barannoo kanneenii dhimmoota gadi fageenyaarratti yoo xiinxalamu garaagarummaa dhabamuu ragaa barreeffamaa ifa galaati; qajeelfamoota bu’uura seera Islaamaa qabatanii deemuurratti,tumsuu himannaa seerri Rabbi buuse kan ajjeechaa kana gargaaru ni jira jechuu fa’a irratti. Ijjannoowwan hayyoota seera Muslimaa hedduun fedhiiwwan nageenya mootummaafi hawaasa Muslimaafi humna keessoo isaa

warroota amantii jijjiirachuun Muslima ykn mootummaarrattti lola labsan ofirraa ittisuun walqabata.

Adeemsi Imaamman Shii'aa ammoo, amantii jijjiirachuun gosa lamatu jira jedha: nama amantii keessatti dhalateefi kan haaraa amantii biraa irraa Islaama seene. Kan duraa atattamaan ajjeefamuu fi iraa deebi'uu isaa eeguun hin ta'u; osoo namichuu toowbachuuf yaalee, irraa hin fuudhamu; deebi'ee Islaama seenuu hin danda'u jedhu. Namni lammataa ammoo akka irraa deebi'uuf carraan ni kennamaaf, yoo irraa deebi'e, ni ta'a ykn irraa fuudhama; yoo hin ta'in, ni ajjeefama. Dubartiin ammo hin ajjeefamtu, ni hidhamti. Warroonni adeemsa kana hordofan ykn deeggaran amantii jijjiirachuu akka yakka adabbiin isaa Rabbirraa ergameetti hin ilaalan; bakka san, yakkuma adabbii xiqqaa keessatti ramadu.

Warroonni adeemsa Zaahiriyyaa amantii jijjiirachuu akka yakka adabbiin isaa Rabbirraa himameetti ilaalu, keeyyata Qur'aanaa "Amantii irratti nama dirqisiisuun hin jiru" haqamteetti jedhu; sababnis hanga gaafa du'aniitti, Ergamaan Rabbii Araboota amantii hin qabne takkaa amanaa ykn immoo haaduun ajjeefamtanii jedhu jedhan. Kanaafuu, keeyyanni namoota muraasa (Yahuudaa fi Kiristaanota) qofarratti hojiirra oolti.

Warroonni adeemsa Zeeydiyyii namni amantii gadi dhiise osoo hin ajjeefamin dura yoo irraa deebi'eef carraan kennamuu fi qaba jedhanii amanu. Ademsichi namicha kana akka waan ummata Muslimaarratti lola labseetti ilaala, labsuus baatu dandeettii qaba jechuun.

Xinnoo adeemsota biroorraa adda bahuun, adeemsi Ibaadii yoo namichi hin toowbatin du'a hayyama. Waliindhahiinsi gidduu adeemsotaa kun waa heddurraa madde: bal'ina yaada amantii kan sirni seera isaa lammii cufarratti raawwatamuu fi garaagarummaa amantaa hin ilaallanne; amantii jijjiirachuun akka waan utubama amantii takkaa jijjiiree fa'a fakkeessuun, kuun ammo amantii jijjiirachuu diinummaa hawaasichaa fi amantii Islaamaatiin walqabsiisuun akka diinaatti ilaaluu.

Qur'aanni garaagarummaa namoota jidduu jiru ni bakka keennaaf, adda addummaa amantaas taatu. Kanaafuu, namoonni amanuu fedhan, amanuu; warroonni didan amoo diduu, mirga qabu jedha. Nabiyyyiin Muslimoota akka nama dirqamaan amantii dhiibuu hin yaadne dhoowwan, Rabbi waan akkana jedheeniif: "Osoo Rabbiin kee fedhee, warri dacheerra jiraaatan hunduu qajeelluma argatu, sila ati hamma amananitti nama dirqisiiftaa …?" (10:99)

Bilisummaa amantaa Qur'aana keessatti eeggamaa fi kunuunfamaadha. Dabalataanis, ijjannoo ibsa Qur'aanaa fi Sunnaa waan ta'ef, Qur'aanni kan jedhu nama amantii jijjiirate adabuu yeroo itti aanu (aakiratti), yemmuu Sunnaan amantii jijjiirachuun yoo lola Muslimarratii banuun, lammiifi fedhii hawaasichaa tuquun walqabateen ala, jireenya addunyaa kana keessatti ajjeechaa hin deeggaru.

Kanaraa ka'uun, adabbiin isaa jireenya asiin boodaatiif yoo ta'e, Rabbii isa uumee dhimma isaa kan boruutis toowatutu, Gooftaa abadatu, beekaaf.

## Boqonnaa Jaha

## Beektota Muslimaa Amantii jijjiirachuun Himataman

Seenaa keessatti beektonnii muraasni adabbii kana gara sirrii hin ta'iniin itti fayyadamuun, warroota faallaa isaanii deeman fuula keessa ittiin dhahuuf oolfatanii turan. Mormitoonni sunneen beektota amantii abbaa irrummaa bulchitootaa morman, ittisan isaan gorsan fa'a yoo ta'an, bulchotoonni inumaa itti jabaatan. Hawaasni Muslimaa takkaa tooftaa fi meeshaa marii kan Rabbiinii fi Nabiyyiinis Muslimootarraa fedhan eega Nabiyyiin du'ee haala gaariin hin deeffanne ykn itti hin fayyadamne. Beektonni Rabbi sodaatan muraasni hamma xinnaas ta'u hojii marii (shura) hojiirra oolchuu yaalaa turan. Garuu, bulchitoonni hedduun beektota ykn sagaleewwan kanniin ukkaamsuu yaalan, tattaaffiin hayyootaa ofis ta'ee hawaasicha Muslimaa, akkasumas abbootii irree waan hunda keessa harka naqachurraa ittisuuf ture.

Seena islaamaa keessatti, beektonni humna dhiibbaa abbootii aangoo kanneen nutu isin eega, nutu isinii beeka jedhan dandamatu ta'anii of wareeguu turan. Kanaaf keeyyata Qur'aanaa ulul-amr (warroota aangoo qaban, kanneen murteen harka jirtu) jettu bulchitootaa fi beektota jechuun hiikan. Xumura bara Bakka bu'oota qajeelootti, warroota mul'ata siyaasaa aangoo wajjiin, dandeettii Qur'aanaafi Sunnaa irraa guduunfa bareeda baafachuufi dhimmoota barbaachisoorratti marii fa'a walitti qaban sanitti, hayyoonni bulchitootaaf aangoo dhimma ummataa kophaa hoogganuu hin laatneef. Akkuma hayyoonni beekumsa amantii qaban dhimma

ummataarratti hirmaachuurraa ari'amaniin, ofittummaan beektota bulchiinsaa jabaachaa fi cimaa dhufe.

Adeemsa karaa seenaa isaa keessatti, hawaasni Muslimaa, sababa adda addummaa, waldhibdee, Qur'aanaafi fakkeenyummaa Nabiyyi hordofuu dhiisuunii fi Qur'aana Sunnnaarraa adda baasuun (walitti hidhuun osoo barbaachisu), miidhaa hammaataa simataa dhufeera. Barmaata kanatti, Qur'aanaa fi Sunnaa seera murteerraa, seera Islaamaa ammo, seera namni tumerraa, seera hayyoota ammaa kan durii irraa adda baasuun, ammas, barruulee Imaamman afran durii yoo ilaalle, akka waan namni seera namaa ofumaa namaa kennutti, dabalamuun miidhaa daran hammeessee ture.

Yeroma hawaasni Muslimaa Qur'aana irraanfate ykn itti hojjachuu dhiisee waliin dhahiinsaa fi dogongoraa liqimfamerraa eegalee, tokkummaan isaa bade. Mormii Bakka bu'aa sadaffaa keessa turerraa jalqabee, hamma lubbuu dhabuu isaatti, fincilaa fi maltummaaf lola*Gaalaa* (Battle of the Camel), akkasumas, taatee *Siffiinis* dabalatee*,* argama gosootaa fi adeemsota barnoota seeraa haaraa itti aansee, mormiiwwan warroota seerabaasanii fi seeratti hojjatan giddutti ka'aniin itti fufe. Hamma yeroo ammayyaa kanatti, walitti bu'iinsa lakkoofsa hin qabnetu jidduu Sunnii Shi'aa, Sufii Salafii, Salafii fi hawaasa Muslimaa biraa, warroota aadaa fi ammayyaas, waldhibdee siyaasaa kan amma jidduu paartiiwwanii jiru heduudha. Ilaalchi taateewwan namoota adeemsota biraa akka amantii keessaa bahanii ykn jijjiiraniitti ilaaluu kun dhibdee yeroo dheeraakan seenaa Muslimaa xureessee ammas hammeenya isaa itti fufe yoo ta'u, hamma namoonni gara ajaja Qur'aanaatti deebi'aniiti ittuma fufa. Barbaachi kitaabota seena dhuunfaa beektota Muslimaa

fi seenaa ummata Muslimaa, beektota dhokatan, amantii gadi dhiiftan, gantan, amantirraa jallattan jedhamanii ajjeefamanii, biyyaa ari'atamanii hedduu adeessa. Sababni isaa miidhamaa turaniif, garuu, bulchiinsa kana ykn sana faallessitan, ilaalacha kana qabattan, barruulee warra aangoo miidhu barsiiftan jedhamuun kabajas dhaban. Haa ta'u malee, yoo ummanni Qur'aana qabatanii waan isa keessatti himameen ala waan biraa fudhachuu didan, hawaasni Muslimaa ni jajjabaata, amantiin inni qabates ni cima, miidhaan jirus hir'ataa deema. Kan caalu Rabbitu beeka.

## Guduunfa

Handhuurri amanamummaa ilma namaa dacheerratti bakka bu'oota Rabbii ta'uun bu'uura filannoo bilisaa kan guutuu ta'eef hin mulqamne: "Dhimma amantii irratti dirqisiisuun hin jiru" (2:256); "…ergaa geessuun ala dirqamni hin jiru, ammas gara keenyas deebitu" (13:40); fi "Jedhi 'Dhugaa Rabbii kee irraa dhufe, namni fedhe haa amanu, kan fedhe haa didu" (18:29).

Qur'aanni bilisummaa ilma namaa keeyyatoota dhibba lamaa ol keessatti ibsa. Warroota bilisummaa kana karaa sirrii hin taaneen itti fayyadaman adabbii hamaan adabuun ni ulfaata (haala isaan lubbuu ofiitiin ala nama biraa hin miidhinitti). Beektonni Muslimaa, warroonni du'a nama amantii jijjiiratee mirkaneessan wanti san raawwataniif, haqa yeroo jireenya isaanii sanitti namoonni amantii gadi dhiisan hawaasa Muslimaarraa fagaatanii sirnoota, seerotaa fi aadaawwan isaan walqabatan hundaa waan saaxilaa turaniiifi. Haala kanaan, amantii jijjiirachuun (Islaamummaa gadi dhiisuun) akka bu'uura haawaasni Muslimaa irratti ijaarame cufa gadi dhiisuutti walqixxaate ykn madaalame.

Qo'annoon kun kan kaayeffate fakkii ykn moodeela daran barbaachisaa, kan qo'annoolee ciccimoo hedduu dhaala Islaamaa kan hayyoonni Muslimaa ofumaa qo'atan of keessatti qabatuudha.Yoo hubannaan dhugaa yaadaa fi sonoota gurguddoo Qur'aanaa fi Sunnaarratti godhamee babal'achuu eegale,kun bu'uura irree fi jabeenyaa kan tasuma ija cufatanii fi sammuu duudaan Islaamarraa deebifna ykn kunuunsina jedhanirraa dhufuu hin dandeenye, bakka san, Muslimootaa fi meeshaa kaka'umsaa kan

humna-qabeessa ta’ee diinaa fi wareertonni Islaamaa Islaama ittiin kabajan ta’a.

**Barreessaa**

XAAHAA JAABIR ALAWAANII, eebbifamaa YuniversitiiAl-Azhaariifi beektota idil-addunyaatti beekaman keessa tokko yoo ta'u, Expartii dameelee Tiyoorii seera Islaamaa, seera beekumsaa (*fiqh*) fi hundeewwan beekumsaa (*usul al-fiqh*) ti. Inni ammas barreessaa kitaabota hedduu fi miseensa Akaadaamii beekumsa Islaamaati OIC (Organization of the *Islamic* Conference) ti.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kun yeroo hubannaan Qur'aanaa fi Sunnaa (Maqasid Al-Shari'a), daran barbaachisutti barreeffame. Barreessaan kitaabichaa Dr.Xaahaa Jaabir ragaa Qur'aanaa fi Hadiisaa, adeemsota durii fi beekumsaa saayinsii ammayyaa fayyadamuun, handhuurri amanamummaa ilma namaa dacheerratti bakka bu'oota Rabbii ta'uun bu'uura filannoo bilisaa kan hin mulqamne guutuu waan ta'eef, ergaalee keeyyata "Dhimma amantii irratti dirqisiisuun hin jiru" (2:256); fi "Jedhi 'Dhugaa Rabbii kee irraa dhufe, namni fedhe haa amanu, kan fedhe haa didu" (18:29) jedhan fa'a dhugoomsuudha jedhe.*

*Warroonni seera Islaamaa nutti dabarsan wanti himan akka waan seera dura hayyoota beekumsaa (fiqh) Shaafi'iyyootaa fi Maalikiyyoota fa'aatiin tumame irratti waliigalteen turee fi namni amantii jijjiirate dirqama adabbii du'aatiin gara Islaamaatti deebi'uu haasawan. Hanbaliyyoonni ammoo Hadiisuma "Nama amantii isaa jijjiirate ajjeesaa" jechu kanarratti hundaa'uun ajjeechaa hayyaman. Qur'aanni garuu bilisummaa ilma namaa keeyyatoota dhibba lamaa ol keessatti ibsa; adabbiin nama amantii jijjiirate irratti raawwatamu dhimma jireenya du'aa boodaatti raawwatuudha jedha. Nabiyyiinis (SAW) miidhaa tokkoo isaanirra geessuurraa of qusate, "Muhammad Sahaabaa ofii ajjeesa" akka hin jenneeniif jedhan.*

*Xaahaa Jaabir Alawaanii, beektota idil-addunyaatti beekaman keessa tokko yoo ta'u, Expartii dameelee Tiyoorii seera Islaamaa, seera beekumsaa (fiqh) fi hundeewwan beekumsaa (usul al-fiqh) ti.*